
## Dubbisa Dabalataa

Maatewos 3: 6, 11, 20:22;
Maarqos 1:4, 8;
Luqaas 3:3, 16;7:29;
Hojii Ergamoota 10:47; 13:24; Qorontos Isa Dura 12: 13;
Galaatiyaa 3:27;
Qolosaayis 2:12;
Phexros Isa Dura 3: 20-22.

Bareesaan: Steve Nelson
Waldaa Oromo Adventistii
Minisootaan Hiikame

Oromo Seventh-day
Adventist Church of Minnesota
P.O.Box 6225
E-mail: osdacmn2001@aol.com
http://oromo22.adventistchurchconnect.org



# CUUPHAA

## DUBBISA

## WANGEELA KEESSAA

# CUUPHAA

**Dubbisa Wangeela Keessaa**

Egaa yaada garaa keessanii geddaradhaa inni cubbuu keessan akka isiniif haxaa'utti gara Waaqayyotti deebi'aa. Hojii Ergamootaa 3:19 (Namni tokko osoo hin cuuphaamin akka dhiifama barbaachisu hubachuu qaba.Yeroo kun ta'u irra daddarbaa isaani Waaqayyotti himachuudhaan araaraa fi dhiifama cubbuu argachuu ni danda'u)

Phexros kana irratti, "Jarreen amma hafuura qulqullu, akkuma nuyi argannetti argatan kun, akka hin cuuphamneef eenyutu bishaan dhowwachuu danda'a ree?" jedhe. Isaan maqaa Yesuus Kristoositti akka cuuphamaniif abboome. Hojii Ergamootaa 10: 47-48. (Warri hafuura qulqulluu argatan, Waaqayyoon mirkaneefamaniiru, Waaqayyoon wal quunnamtii fayyinaa godhataniiru, Akasuma karaa cuuphaatiin amantootatti dabalamuuf qopheeffamaniiru.)

Jarri yeroo kana dhaga'an maqaa Gooftaa Yesuusitti cuuphaman. Hojii Ergamootaa 19: 5 (Akka gochaan Yesuus cubbuu irraa si fayise yeroo hubattu atis immoo jaalala isaaf qabdu karaa cuuphaatiin agarsiisuf ni feeta.)

Phaawulos yommus, "Yohannis isa booddee isa dhufuuf turetti,kana jechuunis Yesuusitti, akka amanan saba barsiisee, cuuphaa geddarannaa yaada garaa cuuphe" jedhe. Hojii Ergamootaa 19: 4 (Yeroo jaalala dhugaa kan Waaqayyoo barru, sagaleen isaa sirriitti yeroo nuuuf ifu, cuuphaamuu yookin deebinee cuuphaamuu barbaanna.)

Eenyu illee bishaanii fi hafuura qulqulluuttii yoo dhalachuu dhaabaate, mootummaa Waaqayyootti galuu hin danda'u. Wangeela Yohannis 3: 5

(Hafuura qulqulluu irraa dhalachuun /laphee haarawa argachuu jechuudha. Jijjiiramni akkasii nu keessatti yeroo raawwatu duuka bu'oota ta'uu keenya agarsiisuuf isatti cuuphaamuu feena).

Hundumti keenya dhagna tokko ta'uudhaaf hafuura tokkoon cuuphamneera…. Gara Warra Qorontos Isa Duraa 12: 13 (Quunnamtii Yesuusii waliin akka qabaannu maatii isaas akka taanu kan godhu Hafuura qulqulluudha. Quunamtii nuti godhanne kun warra Yesuusiin kan ta'an hundaa waliin akka qabaannu nu gargaara.)

Ammas maaliif lafa irra harkifta ree? ka'ii, maqaa gooftaa waammadhuu cuuphami! cubbuu kees of irraa dhiqsiisi! Hojii Ergamootaa 22: 16. (Waaqayyo akka isa hordoftu yeroo si kaasu,boodatti hin hafin. Jireenya kee kan ati itti kennitu amma.)

Namni amane namni cuuphames ni fayya; namni hin amanne garuu itti in faradama. Wangeela Maarqos 16: 16 (Cuuphaan adeemsa Waaqayyo waliin qabaannu keessatti tarkaanfii isa baay'ee barbachisaadha. Isa hordoofudhaan, cuuphaadhaan akkasuma Isa irraa hirmaachuudhaan dukaa bu'oota isa dhugaa ta'uu keenya namoota biraatti agarsiifna.)

Gooftaan tokko, amantiin tokko, cuuphaan tokko. Gara Warra Efeesoon 4: 5 (Kristaanotaaf Yesuusiin duukaa bu'uun karaa isa tokko, duuka bu'oota isaa ta'uu agarsiisuuf cuuphaanis tokko.)

Yesuusiin… Yohannis akkuma Yordaanositti cuuphe, Akkuma Yesuus bishaanicha keessaa ba'een bantiiwwan waaqaa saaqamuu isaa arge. Wangeela Maarqos 1: 9, 10.

(Yesuus wanta hundumaaf fakkeenya keenya. Cuuphaadhaanis daandii /karaa nuti hordofuu qabnudha. Yeroo cuuphame qaama isaa hundaan bishaan keessa seene. Bishaan itti hin facaafamne, garuu qaama isaa hundatu bishaaniin aguugame akkuma dhigni Isa nuun haguuge.)

…Yaada garaa keessanii geddaradhaa; cubbuun keessan akka isiniif dhiifamuuf tokkoon tokkoon keessan maqaa Yesuus Kirstoositti cuuphamaa. Hojii Ergamootaa 2:38. ( Ofii keenyaan dhiifama argachuu hin dandeenyu. Mallattoon cubbuu irraa garaa geedarachuu fi isa duukaa bu'uu barbaaduu keenya kan beeknu cuuphaadhaan.)

Egaa dhaqaa, saboota hundumaa barsiisuun, cuuphuudhaan …waan ani isin abboome hundumaa eeguu isaan barsiisaa! Wangeela Maatewos 28: 19, 20. (Dhugaan duuka buutota Yesuus kan ta'an jaalala isaa namoota biraatiif hiru, karaa cuuphaa namoota kana isa waliin wal qabsiisuu jaallatu.)

Nuyi cuuphamuudhaan du'a isaatti isatti dabalamnee isa wajjin awwaalamneerra; Kristoos humna abbaa isaa isa ulfina-qabeessaan warra du'an keessaa akkuma kaafame, nus immoo jireenya haaraatti in jiraanna. … Nuyi deebinee garba cubbuu akka hin taanetti dhagni inni cubbuu hojjetu akka badduu baafamuuf namuummaan keenya inni moofaan isa wajjin akka fannifame in beekna. Gara Warra Roomaa 6: 4-6. (Cuuphaan cubbutti du'uu keenya jireenya haaraatti mo'umsaan ka'uu keenya agarsiisa. Geddaramsi kun akka isa walin araara keessa deddeebinutti keessa keenyatti ta'a. Har'a Isa akka fayyissaa keetti fudhachuu barbaaddaa?)